WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA
NAANNOO OROMIYAA
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
ORОMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

Guyyaa Date ቀን 26/02/2017
Lakk Ref.No. ቁጥር 02/ዐh-40/481

**Waajjiira Hoogganaa Kilaastara Hawaasummaatiif**
**Finfinnee**

**Dhimmi:- Dambii Ragga'e Isinii Erguu Ilaala**

Manni Marii B.M.N.O Bara Hojii 6ffaa ,Waggaa 4ffaa,Walgahii Idilee 2ffaa Onkolooleessa 22 bara 2017 gaggeesseen, ***Wixinee Dambii Hundeeffama Mana Maree Sirna Nyaataafi Nuutirishiinii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf*** Qophaa'e irratti mari'achuun murtoo dabarsee jira.

Haaluma kanaan manni mariichaa, ***Dambii Hundeeffama Mana Maree Sirna Nyaataafi Nuutirishiinii Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 251/2017*** hojiirra akka oolchitan jechaa, Amaariffaa fi Ingiliffaatti hiikamee karaa qaama dhimmi ilaallatuun Magalata Oromiyaa irratti akka maxxanfamu ibsaa, hojiif akka isinii tolu Dambii fuula **8** xalayaa gaggeessituu kana waliin miiltoo goonee erguu keenya ni beeksifna.

**Nagaa wajjin**

Abdulaziz Dawud Adam (Dr.)
Hoogganaa Waajjiraa

WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
OROMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

**G/G**

- **Waajjira Caffee Oromiyaatiif**
- **Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiif Finfinnee**
- **Waajjira Pirezidaantiif**
- **Damee Seeraatiif**
- **Daarektoreetii Dhimma Kaabineetiif W.P.B.M.N.O.**

Dambii Lakkoofsa 251/2017

Dambii Hundeeffama Mana Maree Sirna Nyaataafi Nuutirishinii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe

Naannicha keessatti rakkoo namtolcheefi uumamaa irradeddeebiin mudatan, akkasumas sadarkaa maatiitti wabii nyaataa mirkaneessuu dhabuu irraa kan ka'e lammiileen hedduun hanqina nyaataafi rakkoolee kanaan walqabataniif saaxilamuu isaaniitiin miidhaawwan dhaqqaban akkaataa itti dursanii hambisuun danda'amu irratti sirna diriirsuun waan barbaachiseef;

Sirna nyaataa sirrii hin taane irraa kan ka'e babal'achuu qucaruummaafi dhibeewwan daddarboo hin taane dabaluun dhiibbaa gama fayyaa, barnoota, diinagdeefi hawaasummaan mudatan hir'isuufi dhabamsiisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Qaama abbummaan hojii Sirna Nyaataafi Nuutirishinii hooggaanuufi qindeessu hundeessuun rakkoo Sirna Nyaataafi Nuutirishinii karaa hunda galeessa ta'eefi qooda fudhattoota hunda hirmaachiseen hiikuufi sirna itti gaafatamummaa mirkaneessu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014 Keewwata 73 (2) tiin Dambiin kun bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Dambiin kun "Dambii Hundeeffama Mana Maree Sirna Nyaataafi Nuutirishinii Naannoo Oromiyaa Lakkkoofsa 251/2017" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisu yoo ta'e, malee Dambii kana keessatti:

   1) "Koree Teekinikaa" jechuun ogeessota manneen hojii adda addaa irraa walitti dhufuun yeroo yeroon hojiiirra oolmaa Sirna Nyaataafi Nuutirishinii deeggaru, hordofuufi rakkoo jiru adda baasuufi sakatta'uun yaada murtii Mana Mareef kan dhiyeesseniidha.
   2) "Mana Maree" jechuun qaama ol'aanaa Sirna Nyaataafi Nuutirishinii ol'aatummaan kan hoogganu ta'ee, sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalota itti waamamni isaanii naannoof ta'ee, Aanaafi Gandaatti Dambii kanaan kan hundeeffameedha.

3) "Naannoo" jechuun Naannoo Oromiyaati.
4) "Nama" jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.
5) "Nuutirishinii" jechuun adeemsa nyaata nyaachuu, bullaa'insa, dhimbiibuu, qaama keessa galchuu, sifaa'uufi itti fayyadama sooratаа ta'ee, akkaataa guddinaafi dagaagina qaamaafi sammuu, dhukkuba ofirraa ittisuufi dandamachuu danda'u of keessatti kan qabatudha.
6) "Nyaata" jechuun akkaataa haala qabatamaa uummata naannoo keenyaatti, aadaa, amantaafi safuu kan kabaje ta'ee, guddina, dagaaginafi fayyummaa dhala namaatiif kan barbaachisu gosoota nyaataafi dhugaatii fudhatama qabudha.
7) "Sirna Nyaataa" jechuun adeemsa oomishaafi oomishtummaa keessatti gochoota oomishuu, raabsuu, itti fayyadamuu kan dabalatu ta'ee bu'aawwan hawaas-diinaagdeefi naannoo kan walitti hidhudha.

3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun naannicha keessatti qamoolee Sirna Nyaataafi Nuutirishinii keessatti gahee qabaniifi hojiiwwan kanaan walqabatan irratti rawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa lama

## Hundeeffama, Kaayyoo, Miseensotaafi Aangoofi Hojii Mana Maree

5. Hundeeffamaafi Ittiwaamama

1) Manni Maree Sirna Nyaataafi Nuutirishinii Naannoo Oromiyaa kanaan booda "Mana Maree" jedhamee kan waamamu Sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalota ittiwaamamni isaanii Naannoof ta'e, Magaalota itti waamamni isaanii Godinaaf ta'e, Aanaa, Kutaa Magaalaa, Aanaa Magaalaafi Gandatti Dambii kanaan hundaa'ee jira
2) Ittiwaamamni Mana Maree Naannoo, Godinaa, Magaalota ittiwaamamni isaanii Naannoof ta'e, Magaalota ittiwaamamni isaanii Godinaaf ta'e, Aanaa, Kutaa Magaalaa Aanaa Magaalaafi Gandaa walduraa duubaan Pirezidaantii, Bulchaa Godinaa, Kantiibaa, Bulchaa Aanaa, Bulchaa Kutaa Magaalaa, Bulchaa Aanaa Magaalaafi Bulchaa Gandaatiif ta'a.

6. Kaayyoo Mana Maree

Imaammata, tarsiimoofi sagantaalee Sirna Nyaataafi Nuutirishinii karaa bu'a qabeessa ta'een Naannicha keessatti hoogganuufi hojiirra oolchuudhaan lammii fayya qabeessaafi oomishaa uumuudha.

7. Miseensota Mana Marichaa

1) Manni Marichaa sadarkaa Naannichaatti miseensota armaan gadii kan qabaatu ta'a:

(a) Pirezidaantii Naannichaa ------------------------------------------ Walitti qabaa;

(b) Sadarkaa Itti aanaa Pirezidaantitti Hoogganaa Kilastera Hawaasummaa ------------------------------------------------------ Itti aanaa Walitti qabaa;

(c) Hoogganaa Waajjira Pirezidaantii ------------------------------------- Miseensa;

(d) Hoogganaa Biiroo Fayyaa ---------------------------------------------- Miseensa;

(e) Hoogganaa Biiroo Qonnaa ---------------------------------------------- Miseensa;

(f) Hoogganaa Biiroo Barnootaa -------------------------------------------- Miseensa;

(g) Hoogganaa Biiroo Bishaaniifi Inarjii ------------------------------------ Miseensa;

(h) Hoogganaa Biiroon Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa ----------------- Miseensa;

(i) Hoogganaa Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immaanii ---------------- Miseensa;

(j) Hoogganaa Biiroo Kominikeeshinii ------------------------------------- Miseensa;

(k) Hoogganaa Biiroo Dargaggoofi Ispoortii --------------------------------- Miseensa;

(l) Hoogganaa Biiroo Daldalaa --------------------------------------------- Miseensa;

(m) Hoogganaa Biiroo Investimentiifi Industirii ----------------------------- Miseensa;

(n) Hoogganaa Biiroo Maallaqaa -------------------------------------------- Miseensa;

(o) Hoogganaa Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa --------------------- Miseensa;

(p) Hoogganaa Komishinii Karooraafi Misoomaa --------------------------- Miseensa;

(q) Hoogganaa Biiroon Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa ------------------- Miseensa;

(r) Hoogganaa Ejensii Baballina Waldaalee Hojii Gamtaa -------------------- Miseensa;

(s) Hoogganaa Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo ---------------------------- Miseensa;

(t) Hoogganaa Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwan Qonnaa -------------- Miseensa;

(u) Hoogganaa Biiroo Daandiifi Loojistiikii ---------------------------------- Miseensa;

(v) Hoogganaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa ---------------------------------- Miseensa;

(w) Hoogganaa Ejensii Geejjibaa -------------------------------------------- Miseensa;

(x) Bulchoota Godinaaleefi Kantiibota Magaaloota Ittiwaamani isaanii Naannoof ta'an ---------------------------------------------------------- Miseensa;

(y) Pirezidaantii Yuunivarsiitii Naannoo Oromiyaa--------------------------- Miseensa.

2) Qindeessaan Sekiretaariyaatii Sirna Nyaataafi Nuutirishinii sagalee malee barreessaa ta'uun kan hojjetu ta'a.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, walitti qabaan Mana Marichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti qaamolee biroo miseensa Mana Marichaa akka ta'an murteessuu ni danda'a.

4) Miseensonni Mana Maree Sadarkaa Godinaa, Magaalota ittiwaamamni isaanii Naannoof yookiin Godinaaf ta'e, Aanaa, Kutaa Magaalaa, Aanaa Magaalaafi Gandaatti akkaataa miseensota Mana Maree sadarkaa Naannoon walsimuun Qajeelfama Manni Marichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

8. Aangoofi Hojii Mana Marichaa

Manni Marichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoo, sagantaaleefi waadaalee Sirna Nyaataafi Nuutirishiniin walqabatan akka biyyaafi naannootti raggaasifaman kan akka Waadaa Saqoxaafi sagantaalee biroo hojiirra oolchuuf ni deeggara; ni hordofa; itti gaafatamummaa ni diriirsa; qormaata yookiin hudhaalee adda ni baasa; murtii ni kenna;
2) Manneen hojii mootummaa miseensa Mana Marichaa ta'aniifi kanneen biroo gahee qaban keessatti hojiiwwan tarsima'aa imaammata, tarsiimoo, sagantaaleefi waadaalee sirna nyaataafi Nuutirishiniin walqabtan keessatti hammataman karooraafi sagantaalee isaanii keessatti hammachiisuufi hojiirra oolchuu isaanii ni mirkaneessa; ni to'ata; ni madaala;
3) Manneen hojii mootummaa miseensa Mana Marichaa ta'aniifi kanneen biroo gahee qaban hojiiwwan Sirna Nyaataafi Nuutirishinii hojiirra oolchuuf baajata gahaa akka ramadan ni taasisa; ramaduu isaanii ni mirkaneessa; kaayyoo yaadameef ooluu isaa ni hordofa;
4) Raawwii agarsiistota ijoo Sirna Nyaataafi Nuutirishinii ni deeggara; ni madaala; dhimmoota furmaataaf adda bahan irrattis murtii ni kenna;
5) Karoora tarsima'aa Sirna Nyaataafi Nuutirishinii hojiirra oolchuun walqabatee muxxannoo gaggaarii jiran adda baasuun ni qindeessa; ni babal'isa; akka babal'atu ni taasisa;
6) Karoora tarsima'aa Sirna Nyaataafi Nuutirishinii hojiirra oolchuuf manneen hojii gahee qaban keessatti caasaan barbaachisu diriirsuun humni namaa akka ramadamu ni taasisa;
7) Karoora tarsiima'aafi karoora waggaa Mana Marichaa ni raggaasisa; hojiirraas ni oolcha;
8) Karoora tarsima'aafi sagantaalee Sirna Nyaataafi Nuutirishinii hojiirra oolchuuf kan gargaaran tooftaalee adda addaa kan akka sosochii hawaasaa, hubannoo uumuufi ijaarsa dandeettii, akkasumas qabeenya maddisiisuu akka bocamaniifi hojiirra oolan ni taasisa;

9) Manni Marichaafi koreen teekinikaa Sirna Nyaataafi Nuutirishinii sadarkaa sadarkaadhaan hundaa'an hojii irraa eegamu raawwachuu isaanii ni hordofa; ni deeggara; ni gamaggama; kallattii ni kaa'a; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;

10) Manneen hojii mootummaafi qooda fudhattoota hojii Sirna Nyaataafi Nuutirishinii irratti hojjetan gidduutti qindoominni akka cimu ni deeggara;

11) Dhaabbbilee qorannoofi teekinooloojii Sirna Nyaataafi Nuutirishinii irratti hojjetaniif deeggarsi barbaachisaan akka taasifamuuf ni hojjeta;

12) Koreen teeknikaa Sirna Nyaataafi Nuutirishinii manneen hojii mootummaafi dhaabbilee irra ni hundeessa;

13) Qajeelfamoota hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif gargaaran ni baasa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

14) Manni Marichaa kaayyoo isaa galmaan gahuuf hojiiwwan dabalataa biroo ni raawwata; ni raawwachiisa.

9. **Sirna Walgahii Mana Marichaa**

1) Walgahiin Mana Marichaa ji'a 6 (jahaa) tti yeroo tokko kan gaggeeffamu ta'ee, Walitti Qabaan Mana Marichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.

2) Miseensota Mana Marichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman korri walgahii guutuu ni ta'a.

3) Murteen Mana Marichaa sagalee caalmaan kan darbu ta'ee, sagaleen miseensotaa walqixa yoo ta'e, yaadni Walitti Qabaadhaan deeggarame murtii Mana Marichaa ta'a.

4) Ajandaan walgahii Mana Marichaa guyyaa hojii 5 (shan) dursee karaa Sekiretaariyaatii Mana Marichaatiin miseensota dhaqqabuu qaba.

5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Marichaa sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

10. **Hojiifi Itti Gaafatamummaa Miseensota Mana Marichaa**

Miseensonni Mana Marichaa hojiifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaatu:

1) Imaammataafi tarsiimoo Sirna Nyaataafi Nuutirishinii hojiirra ni oolchu; raawwii isaa ni gabaasu;

2) Hojiiwwan Sirna Nyaataafi Nuutirishinii mana hojichaa ilaallatu baajataan akka deeggaramu ni taasisu;

3) Karoora Sirna Nyaataafi Nuutirishinii mana hojichaa ilaallatu qopheessuun Sekiretaariyaatii Sirna Nyaataafi Nuutirishiniitiif ni dhiyeessu; Mana Marichaatiin yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolchu; akka hojii irraa oolu ni taasisu;



The Oromia National Regional ... ARCHIVE

4) Gabaasa raawwii hojii Sirna Nyaataafi Nuutirishiniin walqabatee mana hojichaafi caasaa isaanii sadarkaan jiru keessatti raawwatame qindeessuun Sekiretaariyaatii Sirna Nyaataafi Nuutirishiniitiif ni gabaasa;
5) Koreen Teekinikaa Sirna Nyaataafi Nuutirishinii sadarkaa hundatti akka dhaabbatu deeggarsa ni taasisa: ni hordofa;
6) Hojjetaa dhimma Sirna Nyaataafi Nuutirishinii irratti hojjetu ni ramadu; dandeettiin raawwachiisummaa isaa akka cimu ni hojjetu;
7) Sooftiweerii bulchiinsa ragaafi daataa beezii mana hojichaa keessatti haala hojimaata Sirna Nyaataafi Nuutirishinii walsimuun ni diriirsu; qulqullina akka qabaatuufi haala yerootiin akka walsimu ni taasisu;
8) Hojiiwwan biroo Mana Marichaan kennamaniif ni raawwatu.

Kutaa Sadii

Sekiretaariyaatii Sirna Nyaataafi Nuutirishinii

11. Hundeeffama

1) Sekiretaariyaatii Sirna Nyaataafi Nuutirishinii kanaan booda "Sekiretaariyaatii" jedhamee kan waamamu hojiiwwan Sirna Nyaataafi Nuutirishinii ol'aantummaan akka qindeessu Waajjira Hoogganaa Kilaastara Hawaasummaa jalatti Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamani Sekiretaariyaatichaa Sadrakaa Itti Aanaa Pirezidaantiitti Hoogganaa Kilaastara Hawaasummaatiifi Mana Marichaaf ta'a.

12. Teessoo Sekiretaariyaatichaa

Teessoon Sekiretaariyaatichaa Magaalaa Finfinnee, Waajjira Hoogganaa Kilaastara Hawaasummaa keessa ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti dameewwan qabaachuu ni danda'a.

13. Gurmaa'insa Sekiretaariyaatichaa

Sekiretaariyaatichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Qindeessaa; fi
2) Hojjettoota biroo barbaachisaa ta'an.

14. Aangoofi Hojii Sekiretaariyaatichaa

Sekiretaariyaatichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karooraafi gabaasa raawwii hojii Sirna Nyaataafi Nuutirishiinii walqabatee manneen hojii mootummaafi qaamolee biroo irraa dhiyaatu ni qindeessa; Mana Marichaaf ni dhiyeessa;
2) Karoorri hojiifi gabaasni raawwii hojii Mana Marichaa yeroo isaa eegee akka qophaa'u ni taasisa; ni qindeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni erga;

Kutaa Afur

Tumaalee Adda Addaa

16. Baajata Hojiiwwan Sirna Nyaataafi Nuutirishinii

1) Maddi bajataa hojiiwwan Sirna Nyaataafi Nuutirishiniif oolu kanneen armaan gadii irraa ta'a:

   (a) Baajata Mootummaan hojichaaf ramadu;

   (b) Deeggarsa Dhaabbilee Miti-Mootummaa yookiin Arjoomtota irraa argamu;

   (c) Hirmaannaa uummataa, abbootii qabeenyaafi kan biroo.

2) Baajanni sagantaa Sirna Nyaataafi Nuutirishiniif oolu Waajjira Hoogganaa Kilaastara Hawaasummaa jalatti koodii baajataa ofdanda'een kan qabamu ta'a.

3) Itti fayyadamni baajata hojiiwwan sirna nyaataafi Nuutirishinii Murtii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin Manneen hojii dhimmichi ilaallatuuf qoodamee hojiirra kan oolu ta'a.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Mootummaan baajanni hojii adeemsiftuu Sekiretaariyaatichaa Waajjira Hoogganaa Kilaastara Hawaasummaa jalatti kan qabamu ta'a.

5) Haalli bulchiinsa baajata Sekiretaariyaatichaafi hojiiwwan Sirna Nyaataafi Nuutirishinii akkaataa seera bulchiinsa faayinaansii mootummaatiin ta'a.

17. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Manni Marichaa Dambii kana hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

18. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Dambii kana hojiirra oolchuuf namni kamiyyuu deeggarsa taasisuuf dirqama qaba.

19. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

Daambii, qajeelfamniifi barmaatileen hojii Daambii kanaan walfaalleessu kamiyyuu dhimmoota Dambii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

20. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu

Dambiin kun Onkoloolessa Guyyaa 22, Bara 2017 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, Onkoloolessa Guyyaa 22, Bara 2017

Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa